Gadaa

Kitaaba Barataa

Kutaa 7



BBO 2013/2020

Gadaa

Gorsaafi Qindeessaa
Alamuu Hayiluu

To'ataa Qulqullinaa
Muhaammad Namoo

Qopheessitoota:
Abdulqaadir Amaan
Baqqalaa Qana'aa
Galmaa Waaqoo
Sintaayyoo Tolaa

Gulaaltota:
Biiftuu Roobii
Diida Jiloo
Duubee Aduulaa
Lubaabaa Jamaal
Sulxaan Umaree

Seecca'oota:
Fiqaaduu Qana'aa
Muhaammad Abdoo

Giraafiksii
Taaddasaa Dinquu

Fakkibsitoota:
Dhaqqaboo Guyyee
Solomoon Alamaayyoo

©Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2013/2020

Kitaaba kana Biiroon Barnootaa Oromiyaa bara 2013/2020 qopheessee maxxanse.

Mirgi abbeentaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'ee, gamisaan maxxansuufi baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.

Galata

Biiroon Aadaafi Tuurizimii Oromiyaa qophii sirna barnootaa Gadaa kutaa 1-8 keessatti jalqabaa hamma dhumaatti deeggarsa barbaachisu gochuufi qooda fudhachuun gahee olaanaa gumaachee jira. Kanaafuu, hojii seena qabeessa biiroo keenya wajjiin ta'uun hojjachuu isaaf galata guddaa qaba.

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Boqonnaa 1: Ce'umsa Doorii Gara Gadaa 1

Boqonnaa 2: Buttaa Qaluu 8

Boqonnaa 3: Faajjii Gadaa 12

Boqonnaa 4: Abbaa Gadaa 17

Boqonnaa 5: Gaheefi Itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa 22

Boqonnaa 6: Gumaata Gadaa 27

Boqonnaa 7: Gahee Dubartootaa 33

Boqonnaa 8: Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa I 38

Boqonnaa 9: Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa II 47

Boqonnaa 10: Yaa'a Gadaa.....54

Boqonnaa 11: Ardaalee Jilaa 63

Boqonnaa 12: Gadaafi Daa'imman 68

Jechibsoo 75

Ce'umsa Doorii Gara Gadaa

Sirna Gadaa keessatti ce'umsa sadarkaa adda addaatu jira. Isaan keessaa inni tokko ce'umsa Doorii irraa gara Gadaatti taasifamudha. Ce'umsa kana keessatti jiloota garagaraatu walduraa duubaan raawwatama. Jilli yeroo ce'umsa Doorii irraa gara Gadaatti godhamu iddoo adda addaatti bifa garagaraatiin raawwatama. Fakkeenyaaf, Booranatti jiloota akka jila buttaa, waddeessa murachuu, jila Hullooqqoo Fuloo Hooliyyeefi jila Baallii fuudhuutu raawwatama. Gujiitti, jila Dabballee jillisuu, Hulluuqqaafi Dhibaayyuutu raawwatama.

Jilli Buttaa jiloota Dooriin yeroo Gadaatti ce'an raawwatan keessaa isa duraati. Jilli kunis, gochaalee akka Korma Buttaa hidhuu, Buttee dhaabuu, Galma Buttee ijaaruufi dhibaayyuu ofkeessatti hammata. Dooriin jila Buttaa yeroo gara gulantaa Gadaatti ce'uuf waggaan tokko isa hafu raawwata. Yeroo kanatti, Galmi Buttee ni ijaarama; kormi Buttaa ni qophaa'a; akkasumas butteen ni hidhama.

Jila kana irratti Galmi Buttee guyyoota kudha jahaaf sirbaan dabaa-lamee ijaarama. Butteen qophaa'e Galma Buttee kana keessa dhaab-bata. Kormi Buttaa qophaa'e ammoo, karra moonaa duratti hidhamee Baqqala Faajjiin mataatti maramee tura. Jiloonni kunneen erga raawwatamanii booda Kormi Buttaa gadi lakkifama.

Dooriin ammas guyyaa saddeetiif Galma Buttee keessatti jila Dhibaayyuu Doorii gaggeessa.

Gaaffii hubannoo 1

Jilli Buttaa gochaalee akkamii ofkeessaa qaba?

Jilli Hulluuqqoo Fuloo Hooliyyee jila dhumaafi xumura Gooroo Gadaa tokkoof qophaa'uudha. Innis, warra Gadoomaatti ce'aniifi kan gara Yuubomaatti ce'an gidduutti jila xumura aangoo walitti dabarsuu mirkaneessuudha. Jila kana irratti, yaa'i Gadaa Baallii kennuufi Dooriin Eeboo yookiin Waraana gargarii Keeyyatanii gidduu hulluuqan yookiin gidduu bahu.

Yeroo waraana gidduu hulluuqan sanatti, Hulluuqa baraa nu tolchi! Bara nu hulluuqsisi! jedhanii Waaqa kadhatu. Sirni kun abbaa Gadaa Baallii kennuuf jila dhumaa yoo ta'u, kan fuudhatuuf immoo jila isa jalqabaati.

Gaaffii hubannoo 2

Jilli Hulluuqqoo Fuloo Hooliyyee maal agarsiisa?

Jila Baallii Fuudhuu

Sirna Gadaa keessatti, Baalliin mallattoo aangoo kan agarsiisudha.

Baallii fuudhuun aangoo Gadaa (Gadooma) qabachuu mirkaneessudha.

Baallii fuudhuu keessatti jila adda addaatu qophaa'a. Jilli Baallii fuudhuu ce'umsa Doorii (Dooroma) irraa gara Gadaa (Gadoomatti) taasifamudha. Jila kana irratti, akka duudhaa Gadaatti Dooriin Waddeessa muratee qophii taasifamuu qabu hunda raawwachuun Baallii fuudhu. Jilli Baallii walitti dabarsuu kan gaggeeffamu Booranatti dheeda Dirree aanaa Areeroo, ardaa jilaa Badhaasaatti yoo ta'u, Gujiitti aanaa Annaa Sorraa ardaa jilaa Me'ee Bokkootti gaggeeffama.

Yeroo Baallii dabarsanii walitti kennuuf qophaa'an kana, yaa'i Gadaafi Doorii walitti dhiyaatanii wal-tarree qubatu. Warri Baallii fuudhan gama bahaatiin kan qubatan yoo ta'u, warri Baallii kennan

gama dhihaan qubatu. Qophiin Baallii walitti dabarsuu yeroo raawwatu, kanneen Baallii fudhatan kallattii bahaan gara mana isaaniitti galu.

Gaaffii hubannoo 3

Qophiin Baallii walitti dabarsuu keessatti warri Baallii kennaniifi fudhatan kallattii kamiin qubatu?

Baallii walitti dabarsuuf gochaaleefi adeemsota walduraa duubaan raawwatamanitu jiru. Fakkeenyaaf, Booranatti warri Gadaa kennu"Gosee Baallii" ijaaruun qophii taasisu. Gosee Baallii kana Abbaan Gadaa bara gaggeessummaa isaa xumure yeroo Baallii kennu bishaan itti naqa yookiin facaasa. Warri Doorii kan Baallii fuudhan guyyaa tokko dursanii jala bultii torban Baallii qophaa'u irratti korma qalatanii waliin nyaatu. Akkasumas, Baalliin halkan Fardaan fudhatama. Warri Baallii fuudhan (Abba Gadaa, Abbaa Bokkuu, Hayyootaafi Aduloota afur) walitti namoota torba waan ta'aniif torban Baallii jedhamu.

Torban Baallii yeroo Baallii fuudhuuf dhufanii ollaa abbaa Gadaa gahan, moonaa seenanii Haay! Haay! Waaqa dooriiyaas jechuun dhufuu mirkaneessuun akkuma wal-hangafaniin moonaa keessa taa'u.

Abbaan Gadaa kan Baallii kennu itti gadi ba'uun torban Baallii hundaaf mijuu kenna. Dhuma irratti, kan yuubomu (Abbaan Gadaa Baallii kennu), Baallii koola guchii yookiin baalgudaa warra Baallii fuudhutti kennee,

Nageenna nadabri!

Hormaata na dabri!

Jabeenna na dabri!

Kaayyoo na dabri!

Suga na dabri!

Lubbuu waliin bulla! jedhee eebbisa.

Warri Doorii kan Baallii fuudhan, osoo achii hinka'in ammas deebi'anii Waaqa Gadaa yaasi! jedhanii muratu. Itti aansuun immoo, Abbaa Gadaa ta'uu isaanii ibsatu. Yemmuu gara yaa'a ofiitti deebi'uuf ka'an akkuma wal-hangafaniin walduraa duubaan farda yaabbatanii walfaana, Ani Gadaa! Arboora! Abbaa Biyyaa! jechaa deemu. Sana booda, guyyaa sadiif uulmaa yookiin dhoksaa turan. Firri, fiixaan, ummanni bal'aan itti yaa'ee nagaan Baallii fuutee jedhee gaafatee eebbisee simata.

Bifuma walfakkaatuun, Gujiitti Abbaan Gadaa erga ardaa baallii qubateen booda, Dooriin godaanee akka qubatu godha. Haaluma waamicha Abbaa Gadaatiin Dooriin niqubatu. Erga qubatanii booda, karaa gara qachaa yookiin Galma Abbaa Gadaa geessu ciranii qulqulleessu. Guyyaa baallii fuudhan ganama hayyuu gara Abbaa Gadaa ergan. Hayyuun yeroo Abbaa Gadaa biraa deebi'u, Dooriin torbii qabatanii qachaa Gadaa dhaqu.

Akkasumas, Abbaan Gadaa Doorii eebbisee mijuu unachiisa. Dhuma irratti, Dooriin Gadaan kiyya moo keeti? Jechuun yeroo gaafatu Abbaan Gadaa, Gadaan keeti qaroon kiyya' jedhee deebisaaf. Sanaan booda, adeemsa baallii dabarsuutu gaggeeffama. Abbaan Gadaa baallii dabarsee kennu hojiiwwan hinxumuramiin hafan tokko tokkoon kaasee nama baallii fudhatee Abbaa Gadaa ta'etti hima.

1. Ce'umsa Doorii gara Gadaa keessatti Baalliin fardaan halkan fudhatama (Dhugaa/Soba).

2. Warri Gadaa kennu Gosee Baallii ijaaruun yeroo Baallii kennan_____itti naqu.

3. Kanneen armaan gadii keessaa Baallii walitti dabarsuu kan ibsu isa kami?

   A. Aangoo karaa nagaa walitti dabarsanii kennuu

   B. Kanneen Doorii turan yeroo itti gara Gadoomaatti dhufani

   C. Gadaa keessatti turtii waggaa saddeetiin raawwatama

   D. Hunduu deebiidha

4. Qophii baallii fuudhuu keessatti jiloota akkamitu gaggeeffama?

   A. Jila Buttee

   B. Jila Hullooqqoo Fuloo hooliyyee

   C. Jila Baallii

   D. Hunduu deebiidha

5. Abbaan Gadaa Baallii kennu yeroo baallii isaa dabarsu maal jedhee eebbisa?

Buttaa Qaluu

Gadaa keessatti miseensi Gadaa gulantaa tokko irraa gara isa itti aanutti yeroo ce'u jila qopheessa. Isaan keessaa inni tokko Buttaa Qaluu jedhama. Buttaa qaluun, jila Abbaa Gadaa haaraan Abbaa Gadaa waggaa saddeetiif bulchaa ture irraa Gadaa eebbifatee fudhachuuf qopheessuudha. Jilli kun jila warra Baallii yookiin aangoo fudhatan eebbaan gara bulchiinsaatti ceesisuudha. Akkasumas, kanneen aangoo dabarsanii kennan immoo kan ittiin gara yuubomaatti dhufaniidha. Kunis, buttaan jila dhanquu garee tokko Gadaa keessa galchuufi kaan immoo keessaa baasuu ta'uu isaa kan agarsiisuudha.

Buttaa Qaluun, Maccaafi Tuulamatti bal'inaan beekamaa yoo ta'u namni tokko jireenya isaa keessatti si'a lama kabajuu danda'a. Inni tokko, bara aangoo Gadaa fuudhuufi bulchiinsa isaa raawwatee baallii dabarsuudha. Kan biraa, akka garee miseensa Gadaa isaattis ta'ee akka achii dhufa buttaa abbaa isaatti jila buttaa kabajachuu danda'a. Akka miseensa gogeessa Gadaatti buttaan kabajamu kan gogeessa Gadaa sana hundaati. Gadaan tokko aangoo fudhachuuf dursee buttaa qaluu qaba. Miseensotni Gadaa sanaas iddoo tokkotti jila kana qopheeffatu.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Jilli Buttaa Qaluu maali? Eenyutu kabaja?
2. Jilli Buttaa Qaluu ce'umsa akkamiitiif qophaa'a?

Namni tokko yookiin miseensi Gadaa tokko, buttaa kan qalu afurtama abbaa isaatti. Kana jechuun, Gadaan shanan (Melbaa, Muudana, Kiilolee, Biifoleefi Michilleen) waggaa saddeet-saddeetiin aangoo walharkaa waan fuudhaniif miseensi Gadaa tokko jila buttaa Gadaa isaa kan kabajatu waggaa afurtama booda ta'a. Fakkeenyaaf, Melbaan jila buttaa bara kana yoo jilate, waggaa saddeet booda Muudanatu aangoo harkaa fuudha. Yemmuu kana, gogeessi Muudanaa buttaa qalee Gadoomatti seena. Melbaan immoo buttaa qalee Baallii kennee baha.

Haala kanaan, gogeessi Gadaa Melbaa haaraan waggaa afurtama booda deebi'ee aangoo fudhata. Yeroo kanas buttaa qalee Gadaa haaraa waggaa saddeetiif bulchu fudhata jechuudha. Namni tokko buttaa kan qalu afurtama abbaan isaa buttaa qaletti ta'a. Kan jechuun, umriin nama sanaa dirqama afurtama guutuu qaba jechuu miti. Buttaa qaluuf, garuu, dirqama waggaa afurtama abbaan isaa itti qale eeguu qaba.

Sababni isaas, namni tokko umrii isaa keessatti buttaa qalee kabajachuuf miseensa Gadaa aangoo fudhatu sanaa ta'uu qaba. Akkana ta'uuf immoo, sadarkaalee ilmaa hanga abbaatti jiran kanneen Gadaa shanan marsan keessa darbuu qaba.

Akka fakkeenyaatti, miseensi Gadaa Melbaa barana yoo buttaa qalee aangoo Michillee harkaa fuudhe, ilmi miseensa Gadaa Melbaa waggaa afurtamatti deebi'ee Gadaa Melbaa dhaqqaba. Yeroo kana, buttaa qalee miseensota isaa wajjiin gara bulchiinsa biyyaa, kan waggaa saddeetiif fulla'utti seena. Kun bifuma kanaan dhufaa darbaa dhalootaa dhalootatti kabajamaa deema.

Gaaffii hubannoo 2

Namni tokko Buttaa Qaluuf waggaa afurtama abbaan isaa itti qale maaliif eega?

Jila Buttaa Qaluu miseensa Gadaa waggaa saddeettan dhufaniif biyya bulchuuf adeemantu kabajata. Jilli kun baallii osoo walharkaa hinfuudhin dura guyyaa kudha shaniif kabajama. Sana booda, guyyaa kudha shanaffaa irratti miseensotni hundi Odaa jalatti walgahanii Abbootii Gadaa biyya bulchuu danda'an kaadhimatu. Miseensotni Gadaa cufti abbootii Gadaa biyya bulchan ta'uuf mirga guutuu

qabaatanis isaan keessaa namoota ulaagaa adda addaatiin ga'umsa qaban filatu. Sana booddee, korma qaama guutuu ta'e qabu qalanii dhiigaan qabu. Dhuma irratti, abbootii Gadaan eebbifamee jilli buttaa simannaa raawwata.

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Akka miseensa Gogeessa Gadaatti buttaan kan kabajamu kan garee Gadaa hundaati (Dhugaa/Soba).
2. Sirna Gadaa keessatti buttaa simannaa garee kamtu qala?
   A. Warra Baallii fudhatu
   B. Warra yuubatti ce'u
3. Kiiloleen bara kana buttaa qalee yoo aangoo fudhate waggaa saddeet booda Gadaa kamitti aangoo dabarsee kenna?
   A. Muudana
   B. Michillee
   C. Biifolee
4. Sirna Buttaa Qaluu kana irraa maal hubatte?

Faajjii Gadaa

Sirna Gadaa keessatti Oromoon dhimmoota adda addaaf mallattoolee yookiin fakkoommii garagaraa qaba. Isaan keessaa tokko Baqqala Faajjii yookiin Faajjii Gadaa jedhama. Bakka tokko tokkotti Baqqala Faajjiin Daabaloo jedhamuunis nibeekama. Kana irraa ka'uun, Oromoon "erga dhalee hinhiine; erga dhalee hingaadine Leenca kasaan Daabaloo ga'a!" jedhee mammaaka. Kunis, bal'inni Faajjii Gadaa hangam akka guddaa ta'e kan agarsiisudha. Faajjiin Gadaa baroota dheeraaf mallattoo saba Oromoo ta'uun tajaajilaa jira.

Faajjiin Gadaa tartiiba halluuwwan gurraacha, diimaafi adiin gubbaa irraa gara gadiitti tartiibaan faayameen ta'a. Kunis, falaasama, qaroomina, beekumsa xabboo/ganamaa, seenaafi eenyummaa Oromoo kan calaqqisiisuudha. Akkasumas, Faajjiin Gadaa, dagaagina siyaas-dinagdeefi nageenya hawaasa Oromoo kan calaqqisiisuudha.

Faajjiin Gadaa mi'a ulfoo Gadaa yookiin Wayyuu waan ta'eef, faaya diimaan maramee Galma Qaalluu taa'a. Yeroo jiloota adda addaa yookiin yeroo Gumiin Seera Gadaa tuman Faajjiin Gadaa nidhaabama. Sana booda, kakatanii, naqatanii, qabatanii, seera tumu. Seera tumame kanas, Yuubni luka tokkoon jilbiiffatee tokkoon dhaabbatee lallaba.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Faajjiin Gadaa maal calaqqisiisa?
2. Halluu Faajjii Gadaa tartiiba gubbaa irra gara gadiitti jiru tarreessi?

Halluuwwan Faajjii Gadaa sadan akka falaasama Oromootti hiika mataa isaanii danda'e qabu.

Halluu Gurraacha

Oromoon Waaqni gurraacha jedhee amana. Halluun gurraachi wanti Waaqaa ol ta'e kan hinjirre ta'uu agarsiisa. Kanaaf, halluun gurraachi bifa Waaqaatti fakkeeffama. Waaqa gurraacha jechuun, Waaqa hundumaa olta'e, kan keessi isaa hinbeekamneefi sodaatamaa jechuudha. Haaluma kanaan, halluun Faajjii Gadaa Gurraachi hangafummaa, kabajaa Waaqaafi arjoomina isaa bakka bu'a. Akkasumas, halluun gurraachi Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaa qabaachuu isaa mul'isa. Kanaaf, halluuwwan Faajjii Gadaa keessaa inni Gurraachi gubbaa irra oola.

Halluu Diimaa

Halluun diimaan bilchina, gahumsa, hormaataafi jiruufi jireenya agarsiisa. Dabalataanis, dhalli namaa hundi uumaa Waaqaa ta'uu kan mul'isuudha. Dhiigni dhala namaa addunyaa kana irra jiraatu hundi diimaadha. Bifuma walfakkaatuun, diimaan guutuu ta'anii argamuun kanneen Heeraafi Seera Gadaa cabsan ittisuuf sadarkaa qophaa'umma irra ga'uu mul'isa.

Kana malees, Halluu diimaan mallattoo nageenya naannoofi daangaa ofii eeguuf gootummaafi qophaa'ummaa qabaachuu agarsiisa.

Akkasumas, mallattoo uumamni lafa irra jiran hundi sadarkaa guddina isaanii eeggatanii ga'aniifi ija horachuu jalqaban kan agarsiisuudha. Gadaa keessatti, halluun kun beekumsa, ga'umsaafi dandeettiin sadarkaa Gadaa guutuu ta'uu agarsiisa. Kana malees, halluun Diimaa gulantaa Gadaa Kuusaa hanga Gadoomaa keessa jiran agarsiisa. Kunis, namni sadarkaa kana irra gahe ga'umsaafi itti-gaafatamummaa baachuu akka danda'u kan agarsiisudha.

Halluu Adii

Halluu adiin wantoota gulantaa xumuraa irra gahan bakka bu'a.

Innis, xumura bara Gadoomaa yookiin gulantaa Yuubomaafi isaan booda jiran agarsiisa. Akkasumas, Oromoon hurriin rooba hinqabne adiidha, dabbasaan (rifeensi) nama dulloomee arriin adiidha, daaraan adiidha, namni du'e foon isaa bade lafee adiitu hafa jechuun dhugaa jiru waliif mirkaneessa. Kanaafuu, halluu adiin Faajjii Gadaa mallattoo xumura wantoota adda addaafi gaddas bakka bu'a yookiin ibsa. Adiin rakkina, hiyyummaa, gaddaafi xumuramuu waan tokkoo mul'isa.

Walumaagalatti, haalluun sadeen Faajjii Gadaa, falaasama, aadaa, amantii, daangaa, seenaa, qabeenyaafi hariiroo ummanni Oromoo Uumaafi uumama waliin qabaachaa tureefi jiru agarsiisa.

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Halluun Faajjii Gadaa kam fa'i?

2. Faajjiin Gadaa duudhaafi falaasama Oromoo agarsiisa (Dhugaa/Soba).

3. Tartiiba halluu Faajjii Gadaa gubbaa gara gadii kan ibsu isa kami?

   A. Gurraacha, Adii, Diimaa

   B. Diimaa, Gurraacha, Adii

   C. Adii, Diimaa, Gurraacha

   D. Gurraacha, Diimaa, Adii

4. Akka Gadaa Oromootti hiika halluu Gurraachaa kan ta'e isa kam?

   A. Wanti Waaqaa ol ta'e kan hinjirre ta'uu agarsiisa

   B. Gootummaa agarsiisa

   C. Xumura wantoota adda addaa agarsiisa

   D. Bilchina wantootaa agarsiisa

5. Hiika halluu diimaa Faajjii Gadaa kan ta'e isa kami?

   A. Xumura wantoota adda addaa agarsiisa

   B. Beekumsa gahaafi sadarkaa qophaa'ummaa irra ga'uu agarsiisa

   C. Wantoonni adda addaa yeroo eeggachuu dhiisuu agarsiisa

   D. Deebii hinqabu

Abbaa Gadaa

Abbaan Gadaa aangawoota bulchiinsa Sirna Gadaa keessaa nama akka bulchaatti dorgommiin filatamee ummata hoogganuudha. Sirna Gadaa keessatti filannoon Abbaa Gadaa ulaagaafi adeemsa dheeraa kan qabu yoo ta'u maatii, gosafi hayyoota kan hirmaachisuudha.

Ulaagaalee filannoo Abbaa Gadaa keessatti, ciminoota dhuunfaa, ga'umsaafi beekkumsa, seenduubee gaarii qabaachuu, aantummaa, amanamummaafi sadarkaalee Gadaa keessa dabruun isaan ijoodha.

Abbaa Gadaa ta'anii filatamuuf ulaagaan tokko ciminoota dhuunfaati. Kunis, kanneen akka gootummaa, obsa qabeessummaa, gara bal'eessummaa, dandeettii nagaa buusuufi arrabni qajeelaa (nama hincabaqneefi hingiingisne) ta'uun gahee olaanaa qabu. Namni Abbaa Gadaa ta'us sadarkaalee adda addaatti ciminoota kanneen qabaachuun isaa hawaasa bal'aan madaalama.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Namni tokko Abbaa Gadaa ta'ee filatamuuf ulaagaalee akkamii guutuu qaba?
2. Filannoon Abbaa Gadaa maaliif dorgommii cimaa qabaate?

Abbaa Gadaa ta'uuf ulaagaan biroo, beekumsa waa'ee aadaa, duudhaa, falaasama hawaasichaafi daangaa yookiin lafa bulchuuf deemu irratti qabudha. Beekumsiifi hubannoon aadaafi duudhaa hawaasa Oromoofi saboota ollaa waliin inni qabus sirnaan ilaalama.

Akkasumas, haala dubbiin itti dubbatamu beekuun, dandeettii dubbatee hawaasa amansiisuu qabaachuun baay'ee barbaachisaadha.

Kana malees, Seeraafi Heera Gadaa beekuu, kabajuufi kabachiisuu danda'uu, haqa eeguufi dandeettii murtoo haqaa kennuu qabaachuun madaallii fillannooti. Beekumsaafi dandeettiin Abbaan Gadaa kunneen ammoo sadarkaalee Gadaa keessa darbu irraa kan horatamaniidha.

Seenduubee gaarii qabaachuun ammoo ulaagaa birooti. Namni Abbaa Gadaa ta'u nama gochoota ceeraafi fokkoo ta'an kanneen akka hanna, soba, loogiifi kanneen biroo irraa bilisa ta'eedha. Dabalataan, haadha warraa qabaachuun ulaagaa isa ijoodha. Kanaaf, Abbaa Gadaa ta'uuf safuu beekuufi naamusa gaarii qabaachuun dirqama jechuudha.

Gaaffilee hubannoo 2

1. Ulaagaalee Abbaa Gadaa ta'uuf barbaachisan keessaa beekumsaafi gahumsa qabaachuu jechuun maal jechuudha?
2. Namni Abbaa Gadaa ta'u gochoota akkamii irraa bilisa ta'uu qaba?

Ulaagaan inni biraa, ummata isaatiif ilaalcha gaariifi aantummaa qabaachuudha. Namni Abbaa Gadaa ta'u nama hawaasa keessatti jaalalaafi ilaalcha gaarii qabuufi namoota hunda ija tokkoon ilaalu ta'uu qaba. Aantummaan isaa gosa irraa dhufeef qofa osoo hintaane, hawaasa hundaafi biyya isaatiif ta'uu qaba. Aantummaan isaa kunis, Gogeessa yookiin Miseensa Gadaa keessatti uummataan madaalamee adda baha.

Siyaasa dimookiraasii biyyoota lixaa keessatti namni filannoof dhiyaatu tokko aantummaan isaa inni guddaan paartii isaatiifidha. Gadaa keessatti garuu, aantummaan Abbaa Gadaa gogeessaa isaatiif osoo hintaane ummataafi biyya isaatiif ta'a. Filannoo Abbaa Gadaa keessatti ulaagaan kun hedduu murteessaadha.

Abbaa Gadaa ta'anii filatamuuf ulaagaa murteessaan biraa, ummataaf amanamaa ta'uudha. Namni "Kofoo Ummataa Saaqu" sadarkaa kamittuu hoggansa Gadaatiif hindhiyaatu.

Kofoo ummataa saaquu jechuun, icciitii ummataa yookiin biyyaa dabarsanii ormaaf kennuu jechuudha. Kanaaf, namni Abbaa Gadaa ta'ee filatamu nama ummata biratti amanamummaa qabudha.

Sadarkaalee Gadaa Dabballee hanga Doorii gidduu jiran keessa darbuunis ulaagaa filannoo Abbaa Gadaati. Sababni isaas, sadarkaalee kanneen keessatti Seeraafi Heera Gadaa, tooftaa waldhabdeen hawaasaa ittiin hiikamufi duudhaafi safuu Oromoo baratu. Akkasumas, leenjii adda addaa jabina qaamaafi beekumsa isaanii bakka itti gabbifataniidha. Namni tokko Abbaa Gadaa ta'ee filamuuf sadarkaalee kanneen keessatti madaalamee gahumsi isaa mirkanaa'uu qaba.

Gabaabumatti, namni Abbaa Gadaa ta'u kan ummanni oduun beeku osoo hintaane qabatamaan beekuu ta'uu qaba. Sababa kanaaf, Heera Gadaa keessatti yeroon namni filatamuuf dorgomu itti qoramu hammatame.

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Akka Sirna Gadaatti aantummaan nama Abbaa Gadaa ta'uuf dorgomuu ummataaf ta'a. (Dhugaa/Soba)
2. Namni tokko Abbaa Gadaa ta'ee filatamuuf sadarkaalee Gadaa keessa darbuun dirqamaa miti. (Dhugaa /Soba)

3. Namni Abbaa Gadaa ta'ee filatamu ummata isaatiif amanamaa ta'uu qaba. (Dhugaa/Soba)

4. Sirna Gadaa keessatti yeroon namni Abbaa Gadaa ta'uuf dorgomu itti qoramu maaliif jiraate?

5. Ciminni dhuunfaa namni Abbaa Gadaa ta'ee filatamuuf deemu tokko qabaachuu qabu isa kam?

   A. Hojii qabatamaa namichaa ilaaluuf

   B. Guyyaa filannoo dheeressuuf

   C. Akka namichi garee hinijaaranneef

   D. Hunduu deebiidha

7. Namni tokko Abbaa Gadaa ta'uuf sadarkaalee Gadaa _____hanga _____ jiran keessa darbuu qaba.

   A. Gootummaa

   B. Dandeettii nagaa buusuu

   C. Beekumsa aadaa hawaasaa

   D. Hunduu deebiidha

8. Gochootni ceeraafi fokkoo namni Abbaa Gadaa ta'uuf dorgomu bilisa irraa ta'uu qabu kan fa'idha?

Gaheefi Itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa

Abbaan Gadaa hoogganaa bulchiinsa Sirna Gadaa yoo ta'u, waggoota saddeettan biyya bulchu keessatti wantoota irraa eegaman heddu qaba. Gaheefi itti-gaafatamummaan Abbaa Gadaa ijoon adeemsota seera wixinuu, labsuufi hojii irra oolchuu hordofuu; nagaya biyyaa tiksuu, qabeenya uumamaa bulchuufi jiloota adda addaa raawwachuudha. Hojiilee kanneenis qofaa isaa osoo hintaane hayyoota biyya waliin bulchan waliin raawwata.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Sirna Gadaa keessatti namni itti-gaafatamummaa olaanaa qabuufi mataa siyaasaa ta'e eenyu?
2. Gaheefi itti-gaafatamummaan Abbaa Gadaa maal fa'i?

Itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa keessaa tokko Gumii waggaa saddeet saddeetiin taa'u irratti seera haaraa baasuu, seera dura ture fooyyeessuu, seera tumame labsuufi barsiisuudha. Seera tumuufi lallabuun dura Gumiitu Abbaa Gadaa durfamuun gaaddisa Odaa jalatti dhimma biyyaa hunda mari'atee seera haaraa lallabamuuf deemu wixina.

Qabiyyee seera haaraa tumamuu irratti mari'achuu osoo hinjalqabin dura Abbaan Gadaa haaraati filatame korma buttaa qala.

Haaluma kanaan jilli sun faayamee gaggeeffama. Gumii tumaafi lallabsa seeraa irratti osoo seericha hinlabsin dura seera labsamuuf deemurratti yaada kennuuf namni kamiiyyuu mirga qaba. Erga seera lallabamuuf deemu gumii waliin irratti mari'atanii wixinanii xumuranii booda miseensoota Gadaa isaatiifi hawaasa bal'aa waliin ta'uun ofii dura bu'ee Waaqa kadhata. Kadhaa Waaqaa kanaanis biyya bakka bu'uudhaan, nagaa, hormaataafi rooba kadhata.

Dabalataan, gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaan Gadaa seera hojii irra oolchuufi akka hojii irra oolaa jiru nihordofuudha. Seera hojii irra oolchuu irratti Abbaan Gadaa aangoo ol aanaa kan qabu yoo ta'us, hawaasni bal'aa gahee murteessaa ta'e qaba. Nageenya hawaasa bal'aa tiksuufi sarbamuu daangaa ittisuu irratti Abbaan Gadaafi caasaan bulchiinsa isaa itti gaafatamummaa olaanaa qabu.

Kanaafuu, Abbaan Gadaa yeroo barbaachisaa ta'eetti Yaa'a olaanoo isaa waliin ta'un nageenya hawaasaa tiksuufi araarri akka bu'u godha.

Kunis, Abbaan Gadaafi bulchiinsi isaa nagaa biyyaa eeguu keessatti gahee olaanaa qabaachuu isaanii agarsiisa.

Gaaffilee hubannoo 2

1. Seera lallabuu jechuun maal jechuudha?
2. Sirna Gadaa keessatti waggaa saddeet saddeetiin seera tumuun maaliif barbaachise?

Itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa keessaa kan biroo, nageenya hawaasaa eegsisuufi tiksuudha. Abbaan Gadaa nageenya hawaasa bal'aa eegsisuufi tiksuu keessatti itti-gaafatamummaa ol'aanaa qaba. Kanaafuu, jiruufi jireenya ummataa keessatti wantootni nageenya hawaasaa booressan gama caasaa bulchiinsaatiin akka furmaata argatan taasisa. Akkasumas, daangaan akka hinsarbamne too'achuufi yoo waldhabdeen uumame yaa'a isaa waliin ta'ee araarri akka bu'u godha.

Karaa biraatiin, Abbaan Gadaa qabeenya uumamaa bulchuufi eeguu irratti gaheefi itti-gaafatamummaa guddaa qaba. Abbaan Gadaa dhimmoota kunuunsaafi itti fayyadama lafaa, bishaaniifi bosonaa, casaalee bulchiinsa isaa waliin ta'uun too'ata. Akkasumas, Abbaan Gadaa saboota ollaa waliin walitti dhufeenyi gaariin akka jiraatu gochuu irratti gahee ol'aanaa qaba.

Dabalataan, Abbaan Gadaa jiloota adda addaa gaggeessuu keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa guddaa qaba.

Gaaffii hubannoo 3

Qabeenyoota uumamaa keessaa kanneen Oromoon bakka guddaa kennuuf akkasumas, Abbaan Gadaa xiyyeeffannoo itti kennu maal fa'i?

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Yeroo galtee hamtuufi waraanni biyyatti dhufu Abbaan Gadaa seera hojii irra oolchuun dafee furmaata barbaada. (Dhugaa/Soba)
2. Hojiilee Abbaa Gadaa keessaa waldhabdee gurguddaa furuun isa ijoodha (Dhugaa/Soba).
3. Gaheefi itti gaafatamummaa Abbaa Gadaa kan hintaane kam?

   A. Seera tumame lallabuu

   B. Nagaa biyyaa eeguu

   C. Gibira guuruu

   D. Yeroo barbaachisetti waraana labsuu

4. Sirna Gadaa keessatti seera tumuu irratti eenyu faatu hirmaata?

A. Hawaasa bal'aa

B. Abbaa Gadaa

C. Yuubota

D. Hunduu deebiidha

5. Seera Abbaa Gadaatiin lallabame eenyutu hojiirra oolcha?

A. Warra dabballee

B. Hawaasa bal'aa

C. Abbaa Gadaa

D. Bfi C

6. Sirna Gadaa keessatti qaamni yookiin namni seera hiiku___ jedhamu.

7. Gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaan Gadaa keessaa_____, _____, _____, _____fi _____'n isaan ijoodha.

8. Sirni Oromoon nama harka waltare araarsuun_____ jedhama.

9. Abbaan Gadaa mataa siyaasa Oromooti maaliif jedhama?

10. Abbaan Gadaa tokko bara bulchiinsa isaa keessatti itti-gaafat amummaa ofii yoo bahachuu dadhabe maal ta'a?

Gumaata Gadaa

Gumaata jechuun, deeggarsa adda addaa ummatni yeroo gaddaafi gammachuu waliif godhudha. Ummatni Oromoo miseensota Gadaa kanneen akka Abbaa Gadaa, Adulootaafi Hayyootaaf wantoota adda addaa gumaacha. Gumaatni ummataan godhamu kunniin, qaamolee hawaasaa akka gosa, fiixaafi jaalaa-soddaaf kennama.

Gumaatni Gadaaf godhamu akaakuu hedduu qaba. Isaanis, gumaata Gadaa kanneen dhaabbataa ta'aniifi kanneen yeroo jilli gageeffamu qofa kennamaniidha. Gumaatni dhaabbataa Kaattoo yoo ta'u, kan yeroo jilli adda addaa gaggeeffamu gumaachamu ammoo horii qeencaa, nyaata, dhugaatiifi hirmaannaa hojii humnaa dabalata.

Kaattoo

Kaattoon gumaata Gadaa beekamaafi dirqama ta'eedha. Innis, gumaata gosti Abbaa Gadaa, Adulootaafi Hayyoota gosa isaanii keessaa filatamanii yaa'a ta'aniif kennaniidha. Kunis, qaamoleen kunneen osoo hinrakkatin ofdanda'anii gahee isaanii akka bahaniif gargaara. Gumaachi haala kanaan kennamus Kaattoo gosaa jedhamee beekama.

Namoonni caasaa Gadaa keessatti filataman, waggoota saddeetiif gooroo Gadoomaa godaanuun ardaalee jilaa hedduu irra naanna'uun jila adda addaa gaggeessu. Jiloota sana irratti horii baay'ee qalu.

Akkasumas, bakka adda addaa deemuun dhimmoota hawaasaa hiiku.

Kanaafuu, sababiin Kaattoon kennamuuf baasii waliigalaafi horii jilaaf barbaachisu aangawoota Gadaa kanaaf akka ooluuf yaadameeti.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Gumaanni Gadaa dhimmoota maal maalif kennama?
2. Gumaata Gadaa Kaattoo irratti eenyuutti hirmaata?

Abbaan Gadaa, Aduloonniifi Hayyootni filataman hawaasa hunda bakka bu'anii tajaajilu. Kaattoon akkuma aangawoota Gadaa, itti fufiinsaan rakkoolee hawaas-diinagdeefi siyaasaa hiikuu keessatti gahee guddaa qaba. Aangawoonni Gadaa filataman qabeenya kan hinqabne yoo ta'ellee Kaattoo guuramuuf itti fayyadamuun haga yuubomanitti tajaajila kennu.

Kaattoon adeemsa ittiin guuramu yookiin funaanamu qaba. Isaanis, sadarkaa Kuusaatti yeroo lallaba Adulootaa, namoota Adulaa ta'anii filatamaniif gumaacha gosaafi miiloo isaanii irraa guuramudha.

Akkasumas, Hayyootaaf guyyaa isaan hayyuu ta'anii lallabaman irraa jalqabee Kaattoo malee deeggarsa adda addaatu godhamaaf.

Jalqaba gosaafi miiloon walgahii gaggeessuun eenyu gumaacha akkamii gochuu akka danda'u murteessu. Haaluma kanaan, jalqaba Makkalatu filamaaf. Makkalli namoota Abbaa Gadaa, Adulootaafi Hayyoota waliin yaa'a godaanuun deeggarsa adda addaa godhaniifidha. Akkasumas, akkuma bakkaa bakkaatti socho'aniin farda gumaachuuf.

Itti aansuun, loon kaattootu guuramee kennamaaf. Miseensi gosa isaa hunduu dirqama kaattoo baasuu yookiin gumaachuu qabu. Gosa keessaa kanneen Kaattoo baasuu didan akka gosa dideetti ilaalamu. Kanaafuu, haaluma muraafi murtii gosaatiin dabalataan horii biraa akka baasan adabamu.

Gaaffilee hubannoo 2

1. Gumaacha Gadaa godhamu keessatti gaheen gosaafi miiloo maalidha?
2. Gumaachi Gadaa dhimmoota maal maalif oola?

Gumaata Jila adda addaa irratti godhaman

Gumaatni kunniin guyyoota Gadaan jila adda addaa gaggeessu kan kennamaniidha. Miseensonni Gadaa yeroo jila gaggessuuf deeman gumaata himatu. Gumaatni yoo xiqqaate jila gaggeessuun dura ji'a tokko durfamee himatama.

Warri jila qabu "jila qabnaa nuu gumaachaa!" jedhee naanna'ee himata. Gumaatni kennamu kunneen, yeroo jila adda addaa gaggeessan keessummoota achirratti hirmaataniif kan ooluudha. Gumaatni kunniin akka Kaattoo gosaa-miiloo qofaan kan kennamu osoo hintaane, ummata guutuun gumaatama. Gumaata garaagaraa godhaman keessaa mijuu (aannan), horiifi daraaraa eeruun nidanda'ama.

Gumaata Aananiifi Mijuu

Gumaatni aannanii yookiin mijuun gumaata beekamaadha. Yeroo jilli gaggeeffamuuf deemu warri jilaa jila himata."Aannan nuu naqaa" jedhu. Haaluma kanaan, ummatni aannan itite gaafa jilaa fidaaf. Dabalataanis, dhugaatiin adda addaa kanneen akka Bookaafi kanneen biroo akka gumaataatti nikennamu. Dhugaatiin kunis, keessummoota jila irratti argaman affeeruuf oola.

Gumaata Horii

Gumaatni horii gaafa jilli adda addaa kanneen akka Gubbisa Dabballee, jila Goodiyyaafi kanneen kana fakkaatan gaggeeffaman kennama. Namootni akka firaafi kanneen biroo horii gumaata fidu. Horiin yeroo jila kanneenii kennaman handhuuraa jedhamuun beekkamu.

Horiin handhuuraaf kennamu loon, hoolaafi kanneen kana fakkaataniidha.

Gumaata Daraaraa

Gumaatni daraaraa wantoota kabajamoo akka bunaafi kanneen biroo kennuudha. Haaluma kanaan, bunni jiloota adda addaa irratti nikennama. Kunis, hirmaattota jila irratti argamaniif raabsama. Gumaatni daraaraa kun akka qabeenyaatti otoo hintaane akka gumaata kabajaatti ilaalama.

Gumaata Humnaa

Miseensi Gadaa (yaa'ii) yeroo dheeraaf ardaalee jilaa adda addaa irra naanna'ee jila gaggeessa. Ardaa jilaa itti qubatan hundatti ijaarsi akka Galma jilaa, moonaa horiifi kanneen kana fakkaatan nitaasifamu. Ijaarsa kanneen irratti ummatni bal'aan hirmaachuun warra jilaa gargaara. Haala kanaan gumaatni humnaa taasifama.

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Ummatni Oromoo miseensota Gadaa, Adulootaafi Hayyootaaf gumaacha godha (Dhugaa/Soba).

2. Gumaatni Gadaa hundi keessummoota jila Gadaa irratti hirmaataniif oola (Dhugaa/Soba).

3. Kanneen armaan gadii keessaa Gumaata Gadaa kan ibsu isa kamidha?

   A. Kennaa gosaafi miiloon taasifamudha

   B. Namoota jila irratti hirmaatan ittiin affeeruuf oola

   C. Lubni hanga Yuubomutti osoo hinrakkatin akka gaggeessuuf oola

   D. Hunduu deebiidha

4. Gumaata daraaraa kan ibsu isa kamidha?

   A. Bifa daraaraatiin gumaata Gadaa kennamanidha

   B. Gumaata kan akka bunaa ofjalatti hammata

   C. Gumaata kabaja qabuudha

   D. Hunduu deebiidha

5. Gumaata Gadaa kanneen ta'an maal maal fa'idha?

6. Gumaata Gadaa keessaa Kaattoon maal maal ofjalatti hammata ?

7. Gumaatni Gadaa maaliif oola?

Gahee Dubartootaa

Sirna Gadaa keessatti dubartoonni dhimmoota hawaasummaa, siyaasaafi diinagdee keessatti gahee adda addaa qabu. Gahee gama hawaasummaatiin qaban keessaa inni tokko bu'uura maatiifi biyyaa ta'uun tajaajiluudha. Dubartoonni, ijoollee kunuunsuufi guddisuun dhaloota itti fufsiisuu keessatti shoora ol'aanaa qabu. Akkasumas, nama Abbaa Gadaa ta'ee biyya bulchuufi gootota biyya eegan ga'oomsuu irratti gahee guddaa taphatu.

Inni lammataa, Seerri Waaqaafi safuun hawaasaa akka hincabne eeguufi too'achuudha. Fakkeenyaaf, dhimmoota tokkummaa hawaasaa diiguu danda'an kanneen akka waldhabdee maatiifi waraana gosaafi gosa gidduu seenuun ni-araarsu. Akkasumas, wantoota Seera Waaqaafi safuu hawaasaa balleessan kan akka gaa'ila fira dhiigaa waliin taasifamuu akka hinraawwatamne nitoo'atu. Kanaaf, sirna Gadaa keessatti dubartoonni wayyoomaafi kabaja guddaa qabu.

Gama birootiin, adeemsa Sirna Gadaa keessatti dubartoonni hirmaannaafi qooda ol'aanaa qabu. Inni tokko, yeroo abbaan manaa Gadaa ga'u dhangaafi meeshaalee jilaaf barbaachisan qopheessuun Gadaa sana guutuu taasisuun hofkalchuudha.

Kan lammataa, yeroo jilaa galma ijaaruu, ijoolleedhaaf maqaa baasuu, sirboota aadaa sirbuun jila hoo'isuufi nyaata aadaa kanneen akka buna qalaa, kocheefi siilchoo fa'a qopheessuun gaggeessudha.

Gaaffilee hubannoo 1

Dubartoonni Gadaa ofkalchuu keessatti gahee akkamii qabu?

Akka Sirna Gadaatti gaafa Abbaan Gadaa baallii fudhatu haadha manaa isaatu Ruufa mataatti maraafi. Kunis, dubartoonni sirna baallii fudhannaa keessatti gahee guddaa qabaachuu isaanii kan agarsiisuudha. Karaa biraatiin, ammoo sirna baallii fudhannaa kan oofkalu dubartoota akka ta'anis kan akeekuudha.

Sirna Gadaa keessatti dubartoonni mallattoo eebbaa, araaraafi hormaataati. Oromoo biratti eebbi ammoo iddoo guddaa qaba. Kunis, eebbi, waan ummataaf akka tolu barbaadan eebbisuufi seera tumame mirkaneessuu ofkeessatti hammata. Fakkeenyaaf, seera yeroo fooyyeessan erga waliigalanii booda, tumaa seeraan 'Haa eebbisnu, haa eebbisnu jechuun mirkaneessu. Sagantaa akkanaa irratti dubartoonni argamuun ammoo aadaa yookiin seera Gadaati. Kunis, dubartoota malee Sirni Gadaa guutuu ta'uu akka hindandeenye mul'isa.

Gaaffii hubannoo 2

Gaafa Abbaan Gadaa baallii fudhatu haati manaa Ruufa mataatti maruufin maal agarsiisa?

Gaheen dubartoonni qaban kan biroo, seera qabeessummaafi qajeelummaa bulchiinsa Abbaa Gadaa hordofuudha. Kunis, karaa lamaan ta'a. Tokkoffaa, seerri haaraan tumamu yookiin seerri fooyya'ee tumamu yoo jiraate, akka mirga dubartootaa hinmiine nihordofu. Seerri bahe yookiin fooyya'e kan isaan miidhu yoo ta'e ammoo yaada isaanii ibsachuun seerichi akka fooyya'u gochuu danda'u.

Kan lammaffaa, bakka Abbaan Gadaa deemee qubatee biyya araarsuufi jila gaggeessu hundatti haati warraa isa waliin deemuun deeggarti. Kunis, murtee sirrii fudhachuu keessatti akka rakkoon hinuumamne yookiin akka bulchiinsi isaa seeraan raawwatuuf dhimmoota adda addaa irratti gorsuun qajeelchiti jechuudha.

Dabalataan, yeroo jila Gadaa jila dubartootaa raawwaachuun qooda fudhatu. Fakkeenyaaf, yeroo Abbaan warraa ishee raaba ta'u miidhoo yookiin guulma dhawatti.

Akkasumas, yeroo Abbaan gadaamoojjii ta'u dubartiin karra dhaabbatti. Kana malees, yeroo Abbaan warraa Gadaa ta'u haati warraa nigadoomti. Gabaabumatti, Gadaa keessatti dubartoonni hariiroo hawaasaa cimsuu, eebbisuu, safuufi seera bahan to'achuufi nageenya eegsisuu keessatti gahee ol'aanaa qabu.

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Yeroo Abbaan waraa Gadaa ta'u haati warraatis ni gadoomti (dhugaa/Soba).
2. Sirna Gadaa keessatti dubartoonni akka mallattoo eebbaafi araaraatti fudhamu. (Dhugaa/Soba)
3. Dubartoota malee Sirni Gadaa guutuu ta'uu hindanda'u kan jedhu maal ibsa?

   A. Dubartoonni Sirna gadaa keessatti gahee guddaa qabaachuu

   B. Ulfina Gadaan dubartootaaf kennu

   C. Dubartoonni ol'aantummaa qabaachuu

   D. A fi B deebiidha

4. Gahee dubartoonni raawwii Sirna Gadaa keessatti qaban kan ta'e isa kami?

A. Yeroo Abbaan Gadaa baallii fudhatu Ruufa mataatti maruufi

B. Yeroo jilaa galma ijaaruu

C. Dhangaafi meeshaalee gadaa ofkalchuuf oolan qopheessuu

D. Hunduu deebiidha.

5. Gahee dubartoonni Sirna Gadaa keessatti qaban ibsi.

6. Sirna Gadaa keessatti dubartoonni haala kamiin seera qabeessummaafi qajeelummaa bulchiinsa Abbaa Gadaa hordofu?

oromoon damee Booranaafi Baarentuu bulchiinsa Gadaa tokkoon gaggeeffamaa turan. Suuta suuta jaarraa kudha jahaffaa booda qubsuma bakka adda addaatti adeemsisuun babal'achuu danda'anii jiru. Dameen lamaan turtii qubannaa yeroo dheeraan booda bakka adda addaatti wiirtuulee mataa isaanii hundeeffachuun ittiin buluu eegalan. Haaluma kanaan, dameewwan Booranaa hedduun Madda Walaabuu irraa dhiyeenyaafi fageenya irratti qubannaa gaggeessuun babal'atanii jiru.

Oromoon damee Booranaa Madda Walaabuu irraa qubsumaan socho'uun Caffee mataa isaanii ijaarrachuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa uummatan. Isaanis: Sabboo- Goonaa, Maccaa -Tuulamaa, Raayyaa-Assaboo, Kontomaa -Daarimuufi Jibloo- Loosaa (Gabra) maqaa eeruun nidanda'ama.



Sabboo-Goonaa

Federeeshinii bulchiinsa Gadaa inni jalqabaa Sabboo-Goonaa (Booranaa) ti. Federeeshiniin kun akkuma federeeshinii Oromoo biroo wiirtuu mataa isaanii Gumii Gaayyootti ijaarrachuun Gadaan buluu itti fufan. Kunis, dhimmoota siyaas-diinagdeefi hawaasummaa ummatichaa itti dhiyeenyaan hiikuuf yaadameeti.

Sabboo-Goonaa wiirtuu akka haaraatti hundeeffatanis baroota dheeraaf qoodinsa aangoofi baallii duudhaa Gadaan waliif dabarsaa, federeeshinii bulchiinsa Gadaa gaggeessuu jalqaban.

Federeeshiniin kunis, duudhaalee bulchiinsa Gadaa Oromoo giddu galeessaa, Madda Walaabuun, deggaramaa siyaas-diinagdeefi hawaasummaa Oromoo jabeeffataa as ga'anii jiru. Federeeshiniin Sabboo-Goonaa otoo addaan hincitiin waggoottan dheeraaf hanga ammaatti gaggeeffamaa kan jirudha.

Federeeshiniin Sabboo-Goonaa kun yaa'a yookiin Gadaa sadii qaba. Isaanis: Yaa'a Arbooraa, Hawaxxuufi Koonnituu jedhamu. Yaa'i Gadaa inni hangafaa Arbooradha. Yaa'ii Gadaa lamaan hafan immoo, wiirtuulee Gadaa gosaati. Isaanis, bulchiinsa federeeshinii Gadaa adda durummaan hanga ammaatti kanneen gaggeessaa jiranidha.

Caasaaleen bulchiinsa isaaniis duudhaafi safuu Gadaan hoogganamuun rakkoo adda addaa hiikaa jiru.

Federeeshiniin Sabboo-Goonaa Yaa'a yookiin Gumii sadeenuu Abbaa Gadaa ofii kan qaban ta'ee, Abbaan Gadaa fiixeen ammoo kan Arbooraati. Federeeshiniin Sabboo-Goonaa caasaalee bulchiinsa isaanii diriirsuun aangoofi gahee ba'uu qaban waliin qooddachuun hooggansa federeeshinii Gadaa raawwatu. Yaa'i Gadaa sadan Sabboo-Goonaa caasaalee bulchiinsaa mataa isaanii danda'an ofjalaa qabu. Isaanis, akka yaa'a tokkotti waliin godaanuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa mirkaneessu.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Federeeshinii bulchiinsi Gadaa akkamitti uumamuu danda'e?
2. Federeeshinii bulchiinsa Gadaa Sabboo-Goonaa eessatti hundeeffaman?

Maccaa-Tuulamaa

Maccaa-Tuulamaa damee Booranaa kanneen qubsumaan bakka adda addaatti babal'atanii jiraataa jiranidha.Turtii qubannaa yeroo dheeraan booda wiirtuu Gadaa tokkoon buluun rakkisaa ta'aa dhufe.

Haaluma kanaan, Maccaa -Tuulamaa wiirtuu mataa isaanii Odaa Nabee hundeeffachuun ittiin buluu eegalan. Adeemsa keessa baay'inni namaa dabalaa dhufuu irraa kan ka'e Oromoon Maccaa, Tuulama irraa dhiyeenyaafi fageenya irratti qubannaa gaggeessuun babal'achuu danda'ee jira.

Oromoon Tuulamaa giddugala Oromiyaa lafa amma jiraachaa jiran irra Gadaan bulaa har'a gahanii jiru. Tuulama ilmaan sadii qaba. Isaanis, Daaccii, Bachoofi Jiille jedhamu. Gosni sadan Tuulamaa Abbaa Gadaa mataa isaanii qabu. Akkasumas, balballi Daaccii, Bachoofi Jiillee Caffee mataa isaanii ofdanda'e qabu.Tuulama keessattis, sirni Baallii dabarsuufi filannoon Abbaa Gadaa safuufi seera Gadaan gaggeeffamaa har'a gahee jira.

Gurmuun Maccaa, Odaa NabeeTuulama waliin hundeeffatan irraa qubannaan fagaatanii deemuun wiirtuu haaraa Odaa Bisil hundeeffatan. Innis, waggoota dheeraaf wiirtuu giddugaleessaa Madda Walaabuufi Odaa Nabee waliin walitti dhufeenya qabaataa ture. Itti aansuun, Oromoon Maccaa turtii yeroo dheeraan booda Caffee biroo Odaa Bulluqitti hundeeffachuun, suuta suuta gara Wallaggaa, Jimmaafi Iluu Abbaa Booritti babal'atan.

Odaan Bulluq, Odaalee gurguddoo keessaa isa tokko ta'uun giddugala Oromoo Maccaa bakka adda addatti Caffee hundeeffataniif giddu gala Sirna Gadaa ta'e. Akkasumas, Oromoon Maccaa bakka adda addaatti socho'uun Odaa Bulluq jalatti wiirtuulee akka Odaa Dooggii (Iluu-Abbaa-Boor), Odaa Hullee (Jimma), wiirtuu Tulluu Walal, Odaa Gudayyaa,Tumaa Jahan Sayyoofi Odaa Soob-Calliyaa (Wallagga) tti hundeessuun Sirna Gadaa isaa gaggeeffataa as gahee jira.

Wiirtuuleen akka haaraatti ijaaraman kun Caffee Odaa Bulluq, Odaa Nabeefi Madda Walaabuu waliin baroota dheeraaf walitti dhufeenya uummachuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa gaggeessaa turanii jiru.

Raayyaa-Assaboo

Igguu-Beerree gosoota Oromoo Raayyaa Assaboo keessaa isaan gurguddoofi ofjalatti damee adda addaa qabaniidha. Igguu-Beerreen damee Booranaa yeroo ammaa naannoo Tigiraayiifi Amaaraa keessa jiraataniidha. Akka waliigalaatti, Igguu-Beerreefi damee xixiqqaa isaan jalatti hammataman hundi Raayyaa-Assaboo jedhamanii beekamu. Igguu-Beerree caffee mataa isaanii danda'e hundeeffachuun Gadaan bulaa turan.

Caffee ofii hundeeffataniis, safuufi Seera Gadaatiin hogganamaa ture. Wiirtuun Igguu-Beerree Bakkaanniisa Raayyaa yoo ta'u, yeroo ammaa naannooTigiraayitti argama.

Kontomaa-Daarimuu

Federeeshinii bulchiinsa Gadaa inni biroo, Kontomaa-Daarimuu (Gujii) ti. Federeeshinii bulchiinsa Gadaa Kontomaa-Daarimuu wiirtuu giddu gala irra fageenya dhiyoo Gujii keessatti hundeeffamedha. Federeeshiniin Kontomaa-Daarimuu Gabalaa sadii qaba. Isaanis, Maattii, Hookkuufi Uraagaa jedhamu. Isaan keessaa inni hangafni Uraagaadha. Gabalaa sadanuu gaheefi qoodi'iinsa aangoo mataa isaanii qabu. Gabalaan sadan walitti dhufeenyaafi hariiroo walirraa hincinne qabachuun sirna Gadaa isaanii gaggeeffachaa jiru. Wiirtuu giddu gala seera isaanii Me'ee Bokkoo godhachuun Sirna Gadaa gaggeessaa jiru. Gama biraatiin, Odaan isaanii Odaa Doolaa jedhama.

Akka waliigalaatti, Federeeshinii bulchiinsa Gadaa Kontomaa Daarimuu, Gumiifi Gabalaa ummata bal'aa hirmaachisu ijaaruun dhimmoota hawaasummaa hiikaa jira. Akkasumas, caasaalee bulchiinsaa gahee adda addaa qaban diriirsuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa gaggeessa.

Federeeshinii bulchiinsa Kontomaa-Daarimuu jalatti gumiin hundeeffamanis hariiroo gaarii waliin qabaachuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa qabatamaan raawwataa jiru.

Jibloo-Loosaa

Federeeshinii bulchiinsa Gadaa Caffee mataa isaanii danda'e hundeeffatan keessaa Oromoon Gabraa isa tokkodha. Oromoon Gabraa damee gurguddoo Jibloofi Loosaa jedhaman qaba. Dameen lamaanuu yaa'a mataa isaanii dhimmoota hawaasaafi siyaas-dinagdee itti gaggeeffatan qabu. Caasaa bulchiinsa Gadaa keessatti gosoonni Oromoo Gabraa karaa bakka bu'oota isaaniitiin dhimmoota hawaasaafi nageenya naannoo isaanii tiksatu. Akkasumas, walitti dhufeenyaafi hariiroo gaarii bulchiinsa Yaa'a ollaa waliin uummachuun Gadaan bulaa jiru.

1. Ayyaanni Muudaa Oromoo bakka adda addaa jiraatan walitti fiduun mallattoo tokkummaa ta'ee beekama (Dhugaa/Soba).

2. Federeeshiniin bulchiisa Gadaa baroota dheeraa gaggeeffamaa ture irraa Oromoon duudhaa akkamii jabbeeffate?

   A. Seeraafi Heera Gadaan buluu

   B. Aadaafi afaan tokko dubbachuu

   C. Kabaja dhala namaafi uumamaaf taasisuu

   D. Hunduu deebiidha

3. Kanneen armaan gadii keessaa yaa'a Sabboo Goonaa kan ta'e isa kamidha?

   A. Arboora

   B. Hawaxxuu

   C. Koonnituu

   D. Hunduu deebiidha

4. Kanneen armaan gadii keessaa Gabalaa Kontomaa-Daarimuu kan ta'e isa kami?

   A. Maattii C. Uraagaa

   B. Hookkuu D. Hunduu deebiidha

5. Gosoonni gurguddoo Oromoo Gabraa Caffee mataa isaanii danda'e qaban isaan kami?

A. Jibloo-Loosaa

B. Hookkuufi Loosaa

C. UraagaafiJiloo

D. Maattii

6. Kanneen armaan gadii keessaa caffee Gadaa Igguu-Beerree kan ta'e isa kami?

A. Odaa Garaadoo

B. Bakkanniisa Raayyaa

C. Odaa Bultum

D. Odaa Roobaa

7. Dameen Booranaa federeeshinii bulchiinsa Gadaa hundeeffatan _____,_____,_____,_____,_____fa'idha.

7. Oromoon damee Booranaa federeeshinii bulchiinsa Gadaa hundeeffatan kam fa'idha?

8. Federeeshinoonni bulchiinsa Gadaa adda adda akka uumaman maaltu taasise?

Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa II

Oromoon sababa qubsumaan babal'achuu irraa kan ka'e, wiirtuuleen haaraan bakka adda addaatti hundeeffamanii jiru. Wiirtuuleen haaraa damee Baarentuu jalatti hundeeffamanis federeeshinii bulchiinsa Gadaan buluu jalqaban. Federeeshinii bulchiinsa Gadaatiin dhimmoota hawaasummaafi siyaas-diinagdeetiif furmaata kennuu eegalan.

Oromoon Caffee giddugaleessa Madda Walaabuu jalatti bulaa ture. Haata'u malee, akkuma Oromoon baay'ataafi babal'achaa deemuun wiirtuu tokkotti walga'uun rakkisaa ta'aa dhufe. Rakkoo kana furuufis quubsuma jiranitti gurmaa'uun bulchiinsa Gadaa ofii hundeeffachuu jalqaban. Ta'uyyuu wiirtuu giddugaleessa Gadaa duraanii, Madda Walaabuu waliin waggaa saddeet saddeetiin walitti dhufuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa jabeeffataa turan.

Caffeewwan bakka adda addaatti hundeeffaman kunis waggaa saddeet saddeetiin jila Muudaa Madda Walaabuutti gaggeessaa turan. Jilli kunis, mallattoo tokkummaa Oromoo ta'uun walitti isaan fidaa turee jira. Wiirtuuleen Caffee Gadaa bakka adda addaatti argaman Abbaa Muudaa bira deemuun odeeffannoo adda addaafi Seera Gadaa jabeeffataa har'aan gahan.

Haata'u malee, jilli Muuda Walaabuu kun jalqaba jaarraa 19ffaa tti sababa gita bittaa yeroo sanaatiin addaan cituu danda'ee jira.

Jaarraa 16ffaa keessa dameewwan Baarentuu sababa qubannaan Caffee Madda Walaabuu irraa fagaatanii Oromiyaafi Oromiyaan ala bakka adda addaa yeroo ammaa irra jiraatan qubachuu danda'anii jiru. Dameen Baarentuu Madda Walaabuu irraa qubsumaan socho'uun Caffee mataa isaanii ijaarrachuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa uummatan. Isaanis: Sikkoo-Mando, Shanan -Walloo, Ituu-Humbannaafi Afran Qalloo maqaa eeruun nidanda'ama.



Sikkoo-Mando

Giddugaleessi Manbadha yookiin Gumii Gadaa Sikkoo-Mandoo Odaa Roobaati. Gumiin Odaa Roobaa dhaddacha digdama ofjalaa qaba. Dhaddachootni kunneen bakka seerota tumaman hawaasa biraan ittiin gahaniifi hojiileen sadarkaa gosaatti jiran itti hojjatamaniidha.

Dhaddachootaa Odaa Roobaa jala jiran keessaa kudha tokko laga Waabeetiin gara bahaatti yoo argaman, sagal ammoo Waabeen gara dhihaatti argamu. Akka federeeshiinii bulchiinsa Gadaa Sikkoo-Mandootti dhaddachoonni kudha tokkon Waabeen gara bahaa jiran kan damee Mandoo yoo ta'an, salgan Waabeen gara dhihaa jiran kan damee Sikkooti.

Dhaddachoonni digdamman kunneen waggaa saddeet saddeetiin Odaa Roobaatti walitti dhufuun Manbadha taa'u. Kaayyoon gurguddaan Manbadhi taa'amuufis seera tumuu, fooyyessuu, seera haarawa dabaluu, waldhabdeewwan gurguddoo furamuu hindandeenye furuu fa'a. Manbadha irraa kan hafe, dhaddachoonni kunneen yeroo galtee hamtuufi yeroo dhimmi walitti isaan fidu uumame malee inni tokko hojii qaama biroo keessa hinseenu.

Shanan Walloo

Damee Baarentuu kan ta'e Walloon qubannaa taasiseen yeroo ammaa kaaba Itoophiyaa keessa lafa Wallo jedhamu irra jiraachaa jira. Shanan Walloo kanneen jedhaman Warra Iluu, Warra Baabboo, Warra Heemanoo, Warra Qaalluufi Warra Bachooti. Sababa qubsumaan babal'achuu irraa kan ka'e, gurmuun Walloo turtii yeroo dheeraan booda Caffee ofii hundeeffatan.

Wiirtuun haaraa hundeeffame kunis Odaan Garaadoo jedhama. Wiirtuun Odaa Garaadoo wiirtuu giddugaleessaa Madda Walaabuu waliin walitti dhufeenya uummachuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa gaggeessuu jalqabe. Odaan Garaadoo giddugaleessa Gadaa Walloo ta'uun dhimmoota hawaasummaafi siyaas-diinagdee Oromtichaa akkuma federeeshinii Oromoo birootti hiikaa as gahe.

Ituu-Humbanna

Ituu-Humbanna damee Bareentuu keessaa isa tokko yoo ta'an, yeroo ammaa heddumminaan bahaa Oromiyaa keessa jiraataa jiru. Akkuma suuta Caffee giddu galaa, Madda Walaabuu, irraa qubsumaan fagaataniin Caffee mataa isaanii bakka adda addaatti hundeeffa-chuu jalqaban. Wiirtuulee Ituu-Humbannaan hundeeffaman keessaa muraasni isaanii Odaa Bultum, Odaa Yaatuu Galmee, Odaa Gubbaa Guutuu, Odaa Qunneefi Odaa Madda Dabbis kanneen jedhamanidha.

Odaan Bultum Caffee giddu gala seerri Ituu-Humbannaafi Afran Qalloo itti tumamudha. Wiirtuuleen haaraa hundeeffaman kunis Heera Odaa Bultumitti tumataniin dhimmoota hawaasummaafi Siyaas-diinagdee hiiku. Odaan Bultum wiirtuu Seeraafi Heerri wiirtuulee birootti tumamaa turan walitti qabamuun xumura itti argataniidha.

Ituu-Humbannaafi Afran Qalloo Caffee gidduu gala Odaa Bultum waliin qabu. Wiirtuulee haaraan kun Odaa Bultum waliin walitti dhufeenya uumuun bulchiinsa federeeshinii Gadaa waggoota dheeraaf gaggeessaa as gahanii jiru.

Afran Qalloo

Damee Bareentuu keessaa tokko Afran Qallooti. Innis, ilmaan: Ala, Baabbile, Dagafi Oborraa jedhaman qaba. Maatiin Afran Qalloo yeroo ammaa Oromiyaa gara bahaa keessatti bal'inaan argamu. Isaanis, Caffee mataa isaanii danda'e kan Odaa Bululoo jedhamu hundeeffachuun Sirna Gadaatiin buluu jalqaban. Afran Qalloo Caffee gidduu galaa Odaa Bultum waliin walitti-dhufeenya uummachuun federeeshinii bulchiinsa Gadaa gaggeessaa jiru. Akkasumas, dhimmoota adda addaa Heeraafi Seera Gadaan hiikaafi furmaata kennaa har'a gahaanii jiru.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Federeeshiniin bulchiinsa Gadaa haala kamiin uumamuu danda'e?
2. Duudhaa, Heeraafi Seerri Gadaa bakka hundatti akkamiin tokko ta'uu danda'e?
3. Federeeshinii bulchiinsa Gadaa siyaasaafi dinagdee Oromoo keessatti gahee akkamii qaba?

Wirtuuleen Caffee Gadaa jaarraa 16ffaa booda bakka adda addaatti hundeeffaman duudhaa, Seeraafi Heera walfakaatuun hogganamaa turan. Sababa kanarraa ka'uun, yeroo ammaa Heeraafi Seera Gadaa walfakkaatuufi tokko ta'een bulaa jiru. Kunis, caffeen Gadaa wiirtuulee adda addaatti argaman federeeshinii bulchiinsa Gadaa ta'uu isaanii kan agarsiisudha.

Walumaagalatti, Ayyaanni Muudaa waggaa saddeet saddeetiin Madda Walaabuutti hanga dhuma jaarraa 19ffaatti gaggeeffamaa ture, federeeshinii bulchiinsa Gadaa keessatti gahee olaanaa qaba. Ayyaanni Muudaa waggaa dheeraaf mallattoo tokkummaa Oromoo Baarentuufi Booranaa ta'ee walitti isaan fidaa kan turedha. Jilli muudaa Oromoota bakka adda addaa jiraatan Seeraafi Heera Gadaa tokkoon akka bulaniifi duudhaa Oromoo akka jabeeffatan taasisuu keessatti gahee ol'aanaa qaba. Haala kanaan, hawaasa Oromoo gidduutti walitti dhufeenya gaariifi duudhaa Gadaan federeeshinii bulchiinsa Gadaa akka gaggeessaniif gahee olaanaa taphatee jira.

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Gurmuuleen adda addaa Baarentuu jala jiran qubsumaan yeroo ammaa eessa eessatti argamu?
2. Wiirtuulee Gadaa gurguddoo Oromoon damee Baarentuu jaarraa 16ffaa booda hundeeffatan _____, _____, _____ fi_____dha.
3. Duudhaa, Heeraafi Seerri Gadaa bakka adda adddaatti akka walfakkaatuuf gaheen jila Muudaa ol aanadha (Dhugaa/Soba).
4. Federeeshiniin bulchiinsi Gadaa Oromoof maal gumaache?

   A. Seeraafi Heera Gadaa tokkoon akka bulu taasise

   B. Duudhaa, aadaafi afaan tokko akka qabaatu taasise

   C. Kabaja dhala namaafi uumamaaf akka qabaatu taasise

   D. Hunduu deebiidha
5. Kanneen armaan gadii keessaa Caffeen Gadaa Shanan Walloo waliin hundeffatan isa kamidha?

   A. Odaa Garaadoo C. Odaa Dooggii

   B. Odaa Bulluq D. Odaa Soob-Calliyaa
6. Wiirtuuleen Gadaa bakka adda addaatti hundeeffaman akkamiin Heeraafi Seera walfakkaatu qabaachuu danda'an?

Yaa'a Gadaa

Sirna Gadaa keessa caasaalee bulchiinsaa adda addaatu jira. Isaan keessaa tokko Yaa'a Gadaati. Jechi Yaa'a jedhu bakka bakkatti sochii yookiin deemsa taasifamu agarsiisa. Sirna Gadaa keessatti, gareen jila gooroo Gadoomaa gaggeessuuf ardaa jilaa adda addaatti walfaaana godaanan Yaa'a jedhamu. Gogeessonni Gadaa gulantaalee garagaraa keessa jiran yaa'a isaanii qabatanii ardaalee jilaa irra naanna'uun jila gaggeessu. Fakkeenyaaf, Yaa'a Raabaa, Yaa'a Dooriifi Yaa'a Gadaa kaasuun nidanda'ama.

Gulantaa Gadoomaa irratti qubsumni Aduloonni, Hayyoonni, Abbaan Bokkuufi Makkaloonni ardaalee jilaa irra walfaana qubatan Yaa'a Gadaa jedhamu. Yaa'a Gadaa adda kan taasisu jiloota geggeessuun cinaatti itti-gaafatamumma guddaa qabaachuu isaaniiti.

Abbaan Gadaa Yaa'a tokkoo akkuma Baallii fuudheen hayyoota gosoota garagaraa keessaa lallabachuun muuda. Miseensonni Yaa'a Gadaa yeroo filataman irraa jalqabanii hanga bara xumura aangoo isaaniitti waliin ta'uun rakkoo hawaasaa hiiku. Fakeenyaaf, Booranatti Yaa'a Gadaa sadiitu jiru.

Isaanis, Yaa'a Arbooraa, Yaa'a Hawaxxuufi Yaa'a Koonnituu jedhamu. Abbootiin Gadaa Yaa'a sadanii Yaa'a mataa isaanii ijaarratu. Yaa'a sadan kana keessaa hangafni yaa'a Arbooraa yoo ta'u, innis Yaa'a Abbaa Gadaa waliigalaati yookiin Abbaa Gadaa Fiixee.

Yaa'i Arbooraa dhimma eegumsa daangaa, kunuunsa qabeenya uumamaafi bulchiinsa Gadaa waliigalaa hogganuuf itti-gaafatamummaa ol'aanaa qaba. Qubsumni yaa'a kanaa giddugala lafaa Booranaa naannoo Ardaa Areerooti.

Yaa'i Gadaa Hawaxxuufi Koonnituu ammoo, Yaa'a Kontomaa jedhamanii beekamu. Yaa'i Hawaxxuu daangaa gara kaabaa Booranaa kan qubatu yoo ta'u, Yaa'i Koonnituu ammoo, daangaa gara bahaa jiru irra qubata. Yaa'i Arbooraa hangafa waan ta'eef aangoo waliigalaa haaqabaatuu malee yaa'i Gadaa sadanuu dhimma ummataa furuu, daangaa eegsisuufi qabeenya uumamaa bulchuuf itti-gaafatamummaa guddaa qabu.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Qaamonni walitti dhufanii Yaa'a Gadaa uuman eenyu fa'i?
2. Yaa'i Booranaa sadan maal jedhamanii beekamu?

Hayyootni yaa'a Gadaa Booranaa kanneen biroo, hayyuu Gabraafi Hayyuu Meedhichaa jedhamu. Hayyuun Gabraa Aduloota Arbooraa yoo ta'an, Hayyuun Meedhichaa ammoo, Aduloota gosoota Hawaxxuufi Koonnituuti. Hayyoonni kunneenis akkuma Yaa'a Gadaa

waggaa saddeet saddeetiin gosoota gurguddoo sadan keessaa lakkoofsaan walqixa ta'anii filatamu. Sababiin isaas, Sirna Gadaa keessatti, Hayyoota filataman qofaatu hojiilee Yaa'a hojjata waan ta'eefidha.

Gujiittis Gabalaa yookiin Yaa'a Gadaa gurguddoo sadiitu jiru. Isaanis, Uraagaa, Maattiifi Hookkuu jedhamu. Yaa'a Gadaa sadan keessaa hangafni Uraagaadha. Yaa'ii sadeenuu gaheefi qoodinsa aangoo mataa isaanii qabu. Caasaalee bulchiinsaa keessatti aangoofi gahee adda addaa qoodachuun waliin bulchu.

Yaa'i Gadaa gaheewwan adda addaa qaba. Isaan keessaa kanneen ijoo ta'an, yeroo galtee mari'achuun ajaja dabarsuu, nagaa biyyaa eeguufi mirkaneessuu, diinagdee biyyaa too'achuu, rakkoolee hinfuraminiif furmaata xumuraa kennuu, Gumii hoogganuufi qajeelchuudha.

Gahee Yaa'a Gadaa keessaa tokkoffaan, rakkoolee ciccimoo nageenya naannoofi daangaan walqabatan irratti mari'achuudhaan ajaja dabarsuudha. Fakkeenyaaf, waldhabdeen saboota ollaa waliin yoo jiraate walitti dhufeenya gaarii uumuun karaa nagaa buusuun itti danda'amu irratti marii taasisee murtee kan dabarsu Yaa'a Gadaati.

Lammaffaan, nagaa biyyaa eeguufi mirkaneessuudha. Kunis, Seerota Gumiin labsamaniifi seerota aadaa hojii irra oolchuufi safuu hawaasaa eegsisuudha. Sirna Gadaa keessatti, nagaan jiruufi jireenya dhala namaaf barbaachisaa waan ta'eef, namni kamiiyyuu kabajuufi eeguu dirqama qaba. Kanaaf, Yaa'i Gadaa waan hundumaa dura nagaa ummataa eeguufi mirkaneessuuf hojjata.

Gaaffilee hubannoo 2

Gaheewwan Yaa'a Gadaa isaan ijoo ta'an maal fa'i?

Sadaffaan, dhimmoota qabeenyaa too'achuudha. Fakkeenyaaf, dhimma kunuunsa Haraa Eelaa yookiin madda bishaaniifi qabeenya uumamaa kan too'atu yaa'a Gadaati. Bishaan namaafi lubbu qabeeyyii hundaaf bu'uura jireenyaa waan ta'eef seeraan too'atama. Nama seera madda bishaanii yookiin Haraa Eelaa hinkabajne irratti murtoo qoqqobbii dabarsa. Murtoon kun ammoo, yaa'a Gadaatiin mirkanaa'a. Kunis, qabeenya waloofi dhuunfaa isaanii kunuunsuun barbaachisaa ta'uu isaa kan hubachiisuudha.

Afraffaan, rakkoolee hinfuraminiif furmaata xumuraa kennuufi waldhabdee jajjaboo furuudha. Yaa'i Gadaa akka qaama bulchiinsa Gadaatti aangoo rakkoolee gosoota lamaafi sanaa ol-gidduutti

uumame furuu qaba. Keessumattuu, Yaa'i Gadaa waldhabdee lafa dheedaatti seeraan ala fayyadamuu, Hara Eelaafi bishaan irratti uumamuufi galteewwan biroo hawaasa keessatti uumaman furuu irratti xiyyeeffata.

Shanaffaan, Gumii qajeelchuudha hoogganuudha. Yeroo Gumiin waliigalaa taa'u Abbaan Gadaa Yaa'a isaa waliin ta'uun sirnaafi nageenya Gumii kabachiisa. Fakkeenyaaf, yoo Gumiin qajeeltoowwaniifi duudhaalee Gadaa irraa maqan Abbaan Gadaa seera mandalaafi mandiidaan adeemsa gumichaa qajeelcha. Yoo yaadaan waldhabanii sadarkaa aariifi jeequmsaa irra gahan garee waldhabe fuula gara baha biiftuutti deebisee eebbisuun waldhabdicha qabaneessa.

Gaaffilee hubannoo 3

1. Sirna Gadaa keessatti, biyya keessa deemuun rakkoolee hawaasaa addaan baasee kan furu eenyu?
2. Gadaa keessatti qaamni olaanaan seera tumu/fooyyeessuufi lallabu maal jedhama?
3. Sirna Gadaa keessatti diinagdee too'atuun gaheefi itti-gaafatamummaa eenyuuti?

Jahaffaan, hojiileen Abbaa Gadaafi Yaa'a Gadaa aangoo qabatanii waggaa afraffaatti Gumiidhaan madaalamu. Madaallii kanaanis Gumiin akka Yaa'i Gadaa waggoota hafan afran itti fufee biyya bulchuu danda'uufi hindandeenye mirkaneessa.

Yaa'i Gadaas haqa yookiin dhugaa kana waan beekuuf gochoota ceeraafi fokkoo ta'an irraa ofqusata. Kana malees, Gumiin waggaa afur afuriin taa'ee Aduloota nigamaaggama. Aduloota seera aadaa cabsan kamiyyuu badii isaanii ilaalee hanga nama birootiin bakka buusuutti deemuu danda'a. Yeroo haallii akkasii uumamu Abbootii Gadaa yuubomantu adeemsicha hoggana.

Hojiileen Abbaa Gadaafi Yaa'a Gadaa aangoo qabatanii waggaa afraffaatti Gumiidhaan madaalamu. Madaallii kanaanis Gumiin akka Yaa'i Gadaa waggoota hafan afran itti fufee biyya bulchuu danda'uufi hindandeenye mirkaneessa. Yaa'i Gadaas haqa yookiin dhugaa kana waan beekuuf gochoota ceeraafi fokkoo ta'an irraa ofqusata. Dabalataan, kanneen akka hannaafi loogii, fuudha aadmalee, dhaaltummaa seera aadaa keessa hinjirre, jaarroolee yookiin manguddoo dhagahuu diduufi dhimmoota aadaa keessa hinjirre kamiiyyuu raawwachuu irraa ofqusata.

Kana malees, Gumiin waggaa afur afuriin taa'ee Yaa'a Gadaa yookiin Aduloota nigamaaggama. Aduloota seera aadaa cabsan kamiyyuu badii isaanii ilaalee hanga nama birootiin bakka buusuutti deemuu danda'a. Yeroo haalli akkasii uumamu Abbootii Gadaa yuuba ta'antu adeemsicha hoggana.

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Hayyoonni Yaa'a Gadaa keessatti tajaajilan Warra Bokkuu keessatti hammatamu. (Dhugaa/Soba)
2. Ilmi Oromoo kamiiyyuu Gumii keessatti hirmaachuuf mirga qaba. (Dhugaa/Soba)
3. Yaa'i Gadaa Hawaxxuufi Koonnituu maal jedhamanii beekamu?
   A. Yaa'a Arbooraa
   B. Yaa'a Kontomaa
   C. Yaa'a Gadaa
   D. Hunduu deebiidha
4. Jechi Yaa'a jedhu maaliin walqabata?
   A. Bishaan
   B. Waraana
   C. Deemsa/sochii bulchiinsaa
   D. Hunduu deebiidha

5. Gochi aadmaleen Aduloota Yaa'a Gadaa keessaa akka bahan taasisu isa kami?

   A. Hannaafi loogii

   B. Manguddoo dhagahuu diduu

   C. Fuudha aadmalee

   D. Hunduu deebiidha

6. Sirna Gadaa keessatti dhimmoonni jajjaboon sadarkaa gadaanatti hinhiikamne irratti mari'atee furamaata kan kennu _____ jedhama.

7. Gaheefi itti-gaafatamummaa Yaa'a Gadaa gabaabsii ibsi.

8. Hojii irra oolmaa Sirna Gadaa eenyutu too'ata?

9. Adeemsa Adulaa/Aduloota seera cabsan Gadaa keessaa baasuu eenyutu hooggana?

Ardaalee Jilaa

Sirna Gadaa keessatti iddoowwan ulfoo ta'an keessaa tokko Ardaalee jilaati. Ardaaleen jilaa iddoo yaa'i Gadaa adda addaa itti walga'uun mari'atuufi baallii walharkaa itti fuudhuudha. Akkasumas, iddoo seerri itti fooyya'uufi seerri tumame itti lallabamuudha. Kana malees, iddoowwan Oromoon jiloota akka Irreechaa yookiin dhibaayyuu itti kabajatudha.

Ardaaleen jilaa wiirtuu Sirna Gadaa ta'aniifi Oromoon jila adda addaa itti gaggeefatu baay'eetu jira. Ardaaleen jilaa kunneen kutaalee Oromiyaafi Oromiyaan alaa gara garaa keessatti argamu. Sirni Gadaa iddoowwan muraasa keessatti osoo addaan hincitin gaggeeffamaa jiraatus, bakkeewwan hedduutti laafee ture. Kana irraa ka'uun, ardaaleen jilaa wiirtuu Sirna Gadaa ta'an hedduun isaanii sadarkaa baduu irra ga'anii turan. Ardaalee jilaa jiran keessaa itti fufiinsaan kanneen har'a ga'an muraasa yoo ta'an, yeroo ammaa garuu kanneen tajaajila kennuu dhaaban irra deebiin haaromfamanii jilli Gadaa itti gaggeeffamaa jira.

Gaaffii hubannoo 1

Ardaaleen jilaa maaliif ulfoo ta'an?

Ardaalee jilaa jiran keessaa muraasni akka fakkeenyaatti chaartii armaan gadii keessatti dhiyaatanii jiru. Ardaalee jilaa kanaan alattis baay'een kan jiran yoo ta'u hedduun isaanii dhaddachoota adda addaa ofjalaa qabu.



Ardaaleen jilaa hundinuu jiloota itti jilatamuufi waan oolaniif qabu. Fakkeenyaaf, Ardaalee jilaa Boorana keessatti argaman keessaa Ardaan jilaa Nuura jedhamu bakka maq-baasii Dabballee itti geggeeffamuudha. Gaayoon ammoo, bakka Gumiin waggaa saddeet saddeetiin itti taa'uun seerri itti tumamu, fooyya'uufi labsamuudha. Kana malees, bakka ijoolleen Gaammee jila wal-argii itti gaggeessaniidha.

Dabalataan, ardaan jilaa Arraabbe jedhamu bakka jilti Kuusaa maaldaa naqachuun itti gaggeeffamu yoo ta'u, ardaan Gaaguraa ammoo, bakka Raabni fuudha itti raawwatamudha. Akkasumas, Dooyyo ardaa jilaa Dooriin Daannisa itti muratu yoo ta'u, Badhaasa ammoo ardaa Abbootiin Gadaa baallii itti walitti dabarsaniidha. Haaluma walfakkaatuun, ardaan jilaa Ardot ammoo bakka jilli Gadaamoojjummaa itti gaggeeffamuufi Gadaamoojjiin mataa itti buufatan keessaa isa hangafaadha.

Gama birootiin, ardaalee jilaa wiirtuu Sirna Gadaa ta'anii tajaajilaa jiran keessaa tokko, Me'ee Bokkooti. Ardaan jilaa Me'ee Bokkoo, Godina Gujii Aanaa Annaa Sorraatti argama. Me'ee Bokkoon ardaa jilaa Gumiin Bokkoo itti taa'amuufi baalliin walharkaa itti fuudhamuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Odaa Nabee, Odaa Bisil, Odaa Bulluq, Odaa Bultum, Odaa Roobaa, Odaa Garaadoo, Ardaa Eessiifi Tarree Luugoo jiloota adda addaatiif oolaa jiru. Dabalataan, Madda Walaabuufi bakkeewwan ayyaanotni akka Irreechaa yookiin dhibaayyuufi Waaqeffannaa itti kabajaman baay'eetu jira. Isaan keessaa muraasni: Hora Finfinnee, Hora Harsadii, Eelwaaq, Tulluu Cuqqaalaa, Malkaa Haraa, Tulluu Collee, Tulluu Gurraachoo, Tulluu Beegii, Tulluu Qoolloo Sirriifi Boosat fa'adha.

Ardaaleen jilaa iddoo jilli itti jilatamu qofa osoo hintaane hambaa qabeenya aadaafi seenaa Oromooti. Haata'u malee, yeroo ammaa ardaaleen jilaa muraasni xiyyeeffannoo argatanis, ardaaleen baay'een iddoo heddutti qotamuu, warshaaleen irratti ijaaramuu, biqiltootni irraa ciramuufi dhimma birootiif oolchuu irraa kan ka'e haala hamaa keessa jiru. Kanaaf, ardaalee jilaa kannneen adda baasuu, daangessuufi kunuunsuu barbaachisa. Kunuunsiifi eegumsi ardaalee jilaaf taasifamu ammoo, hambaaleen aadaa dhalootaa irraa gara dhalootaatti akka darban taasisa. Ardaaleen jilaa yemmuu badan hambaaleen aadaatis itti fufuu waan hindandeenyeef waliin badu.

Gabaabumatti, ardaalee jilaa kanneen kunuunsuun, bifa aadaafi safuu iddoo jilaa eeggateen misoomsuufi beeksisuun madda galiifi giddugala qo'annoofi qorannoo taasisuun dhalootaaf dabarsuun barbaachisaadha.

Gilgaala

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Ardaan jilaa qabeenya hambaa aadaafi seenaati. (Dhugaa/Soba)
2. Rakkoo guddaan yeroo ammaa Ardaalee jilaa mudachaa jiru kami?
   A. Dhimma qonnaatiif oolfamuu
   B. Warshaaleen irra dhaabbachuu
   C. Biqiltoonni irraa ciramuu
   D. Eegumsa gahaa dhabuu
   E. Hunduu deebiidha
3. Hora Oromoon hundi walitti dhufuun Irreechaa itti kabaju keessaa _____fi _____ isaan gurguddoodha.
4. Ardaalee jilaa haala kamiin kunuunfamuu qabu?
5. Kunuunsiifi eegumsi ardaalee jilaatiif taasifamu faayidaa maalii qaba?
6. Ardaalee jilaa/idoowwan Irreechaa yookiin dhibaayyuu naannoo keetti beekaman barreessi.

Gadaafi Daa'imman

Heerri Uumaa akka hindabneefi hincabne Gadaan wantoota hundaafuu Seera tumee jira. Seera kanneen keessaa tokko Seera daa'immanii yookiin ijoolleeti. Akka Seera Gadaatti, daa'imman yookiin ijoolleen nama kamiiyyuu biratti dhimma kamiiyyuu caalaa xiyyeeffannoo olaanaa qabu. Yaaduma kana ibsuuf Oromoon "gaafa nuti warra biyyee isaantu warra biyyaati," jechuun mammaaka.

Gadaan karaa adda addaan mirga daa'immanii eega. Isaanis, daa'imman mararfachuu, dhaanuufi miidhuu dhiisuu, kunuunsa gahaa taasisuu, jiloota adda addaa daa'immaniif qopheessuu, handhuuraa kennuufiifi mirga maqaan itti moggaafamuufi aadaa isaa/ishee bara-chuu qabaachuu fa'a.

Karaa Gadaan daa'imman itti kunuunsu keessaa tokkoffaan daa'imman mararfachuu yookaan jaalachuudha. Oromoon daa'imman kennaa Waaqaati jedhee amana. Akkasumas, daa'imman woyyuudha; Waaqatti dhihoodha; madda eebbaati jedha. Oromoo biratti daa'imni kamiyyuu mararfata ol'aanaa qabdi. Yeroo rakkoon ulfaataan hawaasa muudate daa'ima duudduu qabatee Waaqa kadhata. Sababiin isaas, daa'imman qulqulluudha jedhamee waan amanamuufidha. Akkasumas, namni kamiyyuu daa'imatti yoo dhufu itti tuttufee guddadhu! Bakka gayi! Ijji namaa sihinargin! Jedhee eebbisee bira dabra.

Kanaafuu, namni tokko daa'ima ofii qofa osoo hintaane daa'ima kamiiyyuu miidhaan akka irra hingeenye eeguuf itti-gaafatamummaa qaba.

Gaaffilee hubannoo 1

1. Akka Sirna Gadaatti kabajni guddaan maaliif daa'immaniif kennama?
2. Daa'imman kennaa Waaqaati maaliif jedhaman?
3. Oromoon daa'imman maaliif eebbisa?

Haalli lammaffaan Gadaan mirga daa'immanii ittiin eegu daa'imman dhaanuu, miidhuu yookaan rifachiisuu dhabuudha. Akka Seera Gadaatti, daa'imman afaaniin gorsuu malee dhaanuufi itti dheekkamanii rifachiisuun dhoorkaadha. Sababni isaas, daa'imman yoo dhaanan yookiin itti dheekkaman nirifatti jedhamee amanama. Kun ammoo, gaafa guddatan xiin-sammuu isaanii irratti dhiibbaa fiduu waan danda'ufidha. Kanaaf, gorsiifi barnoonni yeroo kamiiyyuu daa'immaniif kennamu akkaataa sammuun isaanii qaramuu danda'utti taha.

Haala Oromoon mirga daa'immanii ittiin eegu keessaa sadaffaan kunuunsa taasisuudha. Akka Sirna Gadaatti, daa'imman warra boru biyya dhaalu jedhamee waan amanamuuf kunuunsa addaattu isaaniif taasifama. Kunuunsa daa'immaniif taasifamu keessaa inni ijoon nyaata guddina qaamaafi sammuuf ta'u nyaachisuudha. Nyaata daa'immaniin guddisan keessaa inni tokko aannan. Oromoon, "Daa'imman aannaniin guddisan" yookiin "Aannan bonaa kan daa'imaafi kan jaarsaati," jedha. Jechamni jalqabaa, daa'imman guddisuuf aannan hedduu barbaachisaa akka ta'eefi aannan bakka hinjirretti daa'imman guddisuun rakkisaa ta'u akka danda'u agarsiisa.

Akkasumas, yeroo aannan sababa bonaatiin xiqqaatus daa'imman aannan dhabuu akka hinqabne mul'isa. Innis, aannan guddisa daa'immanii keessatti bakka guddaa akka qabu agarsiisa. Dabalataanis, daa'imman bayaa gala hordofuun qulqullina isaanii eeguufi akka hindaarre taasisuun dirqama taha.

Gaaffilee hubannoo 2

1. Gadaa keessatti daa'imman dhaanuun yookiin itti dheekkamuun maaliif dhoorkaa ta'e?
2. Oromoon daa'imman akkamitti kunuunsa?

Haala Oromoon daa'ima itti kunuunsu keessaa inni afraffaan jiloota adda addaa akka wajjiin kabajatan gochuudha. Fakkeenyaaf, ayyaana daa'imman dhiiraa waggaa waggaan waliin kabajatan keessaa inni tokko ayyaana Taaboreeti. Taaboreen ayyaana daa'imman dhiiraa gara dhuma waqtii gannaa hawwii gara fuulduraa hamiluuf waliin kabajataniidha. Daa'imman durbaa ammoo, waqtima daa'imman dhiiraa Taaboree kabajattu kanatti ayyaana Ingiccaa kabajatti. Gaafa ayyaanota kanneen lamaanii daa'imman dubaraafi dhiiraas kophaa kophatti walgahanii nyaata aadaa nyaachaa, sirbaafi shubbisaan dandeettii qaban walitti agarsiisaa oolu.

Gaafa ayyaana kanaa maatiin daa'imman bilisummaadhaan akka sochootuufi burraaqaa ooltu hayyamaaf. Kana jechuun, guyyaa kana daa'imman dhimmoota hunda irraayyuu bilisa ta'anii taphachaa akka oolan taasifamu. Eegumsa maatii jalatti hiriyyoota isaanii wajjiin bilisummaa guutuu dhandhamachaa oolu. Maatiin ayyaana kana irraa daa'imman dhoorkuun safuu yoo ta'u, ayyaanicha akka kabajaniif haala mijeessuun ammoo dirqama maatiiti. Ayyaanicha kabajachuun kabaja hawaasni daa'immaniif qabu kan mul'isudha.

Haala Oromoon mirga daa'immanii ittiin eegsisu inni shanaffaan, handhuuraa kennuufiidha. Handhuuraan kennaa maatiin daa'immaniif gaafa dhalattee kaasee yeroofi haala adda addaa keessatti kennuufiidha. Akka Oromootti kennaan handhuuraa yeroo baay'ee raada looniiti. Kennaa kanas maatiin gaafa handhuurri daa'ima dhalatte irraa gogee bu'u raada sana irra kaa'uun handhuureefii mirkaneessa. Horii handhuuraa hanga fedhe yoo horee baay'ate daa'ima jalaa hintuqan. Maatiin yeroo daa'imni guddatu handhuuraan isaa/ishee ta'uu itti himu. Handhuuraan, aadaan Oromoo gaafa dhalatanii kaasanii qabeenya gara fuula duraatti ittiin jiraatan horachuuf daa'imman mirga akka qaban mul'isa.

Dhumarratti, Sirna Gadaa keessatti, daa'imman mirga maqaan itti moggaafamuufi aadaa sabichaa barachuu qabu. Maqaa daa'immaniif moggasuufi daa'imman waa'ee afaan, aadaa, duudhaa, falaasama ummatichaa barsiisuu irratti gahee guddaa kan qabu maatiidha.

Maatiin daa'imman hibboo, oduu duriifi Ogafaan Oromoo garagaraan booharsuun akka qaruutee yookiin qaroo ta'anii guddataniif gaheefi itti-gaafatamummaa ol'aanaa qabu.

Gaaffilee armaan gadii deebisi

1. Sirna Gadaa keessatti daa'imman nama kamiiyyuu caalaa xiyyeeffatamanii kunuunfamu. (Dhugaa/Soba)

2. Akka Sirna Gadaatti daa'imman diina hinqabdu (Dhugaa/Soba).

3. Waa'ee daa'immanii dhugaa kan ta'e kami?

   A. Wayyuudha

   B. Kunuunsa olaanatu taasifamaaf

   C. Waaqaafi nama jidduutti araara buusti

   D. Hunduu deebiidha

4. Ayyaanni daa'imman dubaraa waggaatti bilisummaan waliin kabajattu maal jedhama?

   A. Taaboree

   B. Ingiccaa

   C. Nyaachisa

   D. Deebii hinqabu

5. _____n akka daa'imman qabeenya harataniif gahee guddaa qaba.

6. Daa'imman barsiisuu keessatti gahee guddaa kan qabu_____dha.

7. Akka Sirna Gadaatti nyaatni ijoon daa'imman argachuu qabdu_____dha.
8. Sirni Gadaa akkamitti mirga daa'immanii/ijoollee eegsisa?
9. Ayyaanni Taaboree maal akka ta'e gabaabsii ibsi.
10. Handhuuraan maali?

Jechibsoo

abbaa muudaa	Qaalluu Oodituu
aduloota	anga'oota Gadaa
afoolee	nama haasaa/dubbii danda'u
ayyaantuu	warra haala qilleensaa, urjii, ji'aafi aduu xiinxaluudhaan dhaha himan
bokkuu	ulee gabaabduu mallattoo aangoo agarsiiftu
caffee	gumii, yaa'ii, waliigalaa, manbadha
ceeraa	safuu, fokkoo
daannisa	ulee qal'oo jilaa kan muka harooressa fakkaatu irraa muramuufi raabni gaafa dooriitti ce'uuf jedhu muratu
daraaraa	kennaa akka bunaa, tamboo, mijuufi kanneen kana fakkaatan kan yeroo jilaa gumaataaf kennamu
dhaddacha	giddu galeessa wiirtuu Gadaa
duudduu	daa'ima xiqqoo homaa hinbeekne
eela	madda bishaanii
goodiyyaa	yeroo ce'umsa gaammee gugurdaa irraa gara kuusaatti godhamuufi ijoolleen gaammee ittiin buufatudha.

gosee baallii	iddoo abbaan gadaa duraaniifi inni haaraan angoo qabatu itti baallii walirraa fuudhan
gubbisa dabballee	jila maqbaasa dabballee
gumii	yaa'ii caffee waliigalaa
hofkalchuu	ijarraa hanbisuu
hulluuquu	jala bahuu
kochee	nyaata aadaa garbuu, dhadhaafi foon fa'a irraa qophaa'u
miiloo	aantee gosaa
moonaa	foonaa, bakka loon keessa galan, mooraa
muuda qaalluu	jila aanga'ootni Gadaa qaalluu dhadhaa muuduun horii kennaniifi qumbii eebbaa irraa fudhataniidha
siilchoo	gosa nyaata aadaa yeroo jila adda addaa qophaa'u

BBO 2013/2020

Gatii Qar. _____